# Toltuun: haala gaariidha, badiin immoo: waan qoma kee keessa deddeebi'ee, namoonni isarratti si beekuu jibbiteedha

Nawwaas ibnu Sam'aan irraa akka odeeffametti -Rabbi isa irraa haa jaallatu- Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ni jedhani: «Toltuun: haala gaariidha, badiin immoo: waan qoma kee keessa deddeebi'ee, namoonni isarratti si beekuu jibbiteedha». Waabisaa ibnu Ma'abad irraa akka odeeffametti -Rabbi isa irraa haa jaallatu- ni jedhe: Ergamaa Rabbii bira -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- dhufee jennaan, akkas jedhani: «Toltuu fi badii irraa gaafachuu dhuftee?", anis eeyyeen, jedhe, isaanis akkas jedhani: "Qalbii kee gaafadhu, Toltuun: waan lubbuun itti tasgabboftee fi qalbiinis itti tasgabbaa'eedha, badiin immoo: namoonni fatwaa yoo siif godhanis, waan lubbuu keetiin shakkitee, qoma kee keessas deddeebi'eedha».
[الحديث الأول: رواه مسلم، والحديث الثاني: رواه أحمد والدارمي] [sirrii]

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- toltuu fi badii irraa himuun akkas jedhani: irra jabaan gosa toltuu, sodaa isaatiin Rabbii waliin haala toluudha, uumamtootaa waliin immo rakkina isaanii danda'uu, aarii xiqqeesuu, fuula diriirsuu, haasaa bareechuu, isaan fufuu, isaaniif ajajamuu, isaaniif garaa laafuu, toltuu hojjachuu, waliin jireenyaa fi hiryooma toluudha, toltuun waan lubbuu fi qalbiin irratti tasgabboofteedha. Badiin immoo; waan namatti wol fakkaatu keessaa, qomni keenya isaaf bal'achuun maletti, waan lubbuu keessa asiif achi sochoo'ee, keessa deddeebi'ee, isa irraa qalbii keessatti shakkiin argamee, badii ta'uu isaa sodaattee, fokkataa waan ta'eef, namoota akka keetiitii fi namoota guutamootti mul'isuu isaa hin feeneedha, sunis kan ta'e, lubbuun uumamuma isii irraa, namni toltuu isii arguu jaallatti, gariin hojii isii argamuu yoo jibbite, hojiin sun badiidha, toltuun isa keessa hin jiru; mallattoon wol sitti fakkaachuu hanga qalbii keessa jiraatetti, yoo namni fatwaa siif godhellee, fatwaa isaanii hin fudhatin, hanga wol fakkaannaan sun sirrii ta'ee, namni fatwaa godhu immoo beekumsaan maletti fatwaa godha ta'etti, fatwaan waan wol fakkaate tokko deemsisuu hin danda'u; garuu yoo fatwaan ragaa shari'aatiin kan ta'u ta'e immoo, dirqamni nama fatwaa gaafaate sana irra jiru, qomni isaa isaaf bal'achu dhabullee, fatwicha fudhachuudha.

https://www.sunnah.global/hadeeth/om/show/66540